Oromo Parliamentarians Council

Gumii Parlaamaa Oromoo

# Bara 2010 Oromoo Hunda Irraa Waan eegamu Haa hojjennu!

Barri 2010 Oromoon wal irratti xiyyeeffachuu irra of qusatee, dhaabbilee Oromoof qabsaa'ota Oromoo maqaa xureessuu dhiisee diina Oromoo ajjeechaa, hidhaa, saamicha, lafa isaa irra buqisamuu fi walumaagalatti eenymmaa keenya balleessaa jiran ilmaan Tigraay TPLF, jala adeemtuu isaanii Habashootaa fi Habashootaa afaan Oromoo dubbatan OPDO qofa irratti xiyyeeffannee dhimmoota kana gadiif dursa laachuun akka hojjenu lammii Oromoo hunda gaafanna:-

1. Filannoo bara 2010 kana baratoon Oromoo fi ummanni Oromoo hundi waan hunda dhaabbilee mormitoota Oromoo WFDO fi KBO ykn OFC deeggeruun tooftaa fi iccitii mataa keessaniin TPLF mormachuun dirqama lammummaa ti;
2. Qabsoo hidhannoo sadarkaa ol'aanaatti jabeessuun waan hundaan hirmaannaa keenya cimsuun lola wal irra hin cinne itti fufsisuu ;
3. Fincila Diddaa Garbummaa barattoonni Oromoo adeemsisaa jiran ummata hunda haala hirmaachisuun jajabeessuu fi tooftaa haaraa qopheessuun hunda hirmaachisuu;
4. Maqaa investmentiin Buqqa'insa Oromoo irratti raawwatamaa jiru meeshaa fi tooftaa hunda fayyadamuun Oromiyaa keessa akka isaan ba'aan dirqisiisuu;
5. Dhaabbilee Oromoo, waldaaleen hawaasa Oromoo fi dhaabileen dhuunfaa sochii fi falmii barattoonni Oromoo deemsisan hunda irraatti deeggersa akka gootan;
6. Ilmaan Tigraay irra Meesha fi Homisha kam ilee irra bituu fi itti gurguru dhisuu; Hotela, Konkolata, mana barumsaa fi hospitalaa isaanti fayadamu dhisuu;
7. Oromuumma domsuun Ityophiyuma dadagisuuf dichisa fi sirba Alaabaa Habasha jalati goodhamu kami iyuu irratti akka hin hirmaanne;
8. Bilisummaa Oromiyaa laaffisun tokkummaa Itoophiyaa ijaaruuf yaaliin godhamaa jiru farra Oromummaa fi farra hiree ofii ofiin murteeffannaa waan ta'eef bakka hundatti mormuu;
9. Baqattoonni Oromoo biyyaa ba'anii galaana biyya ormaan nyaatamaa jiran kun biyya isaanii keessatti falmachaa du'uu akka hubatan barsiisuu fi lubbuu isaanii akka bararan deeggersa barbaachisu hunda gochu;
10. Website fi median Oromoo hundi TPLF fi Habashaa qofaa irratti xiyyeeffatanii akka hojjetan gochuu fi Sagalee Oromo hawaasa adunyaan ga'uu gochuu irratti hojjechuun warra diina dhiisanii dhaabilee Oromoo fi qabsaa'ota Oromoo xureessuu irratti xiyyeeffatan irraa of qusachuu;

Bara 2010 waan hunda caalaa Qabsoo irratti waan dandeenye akka gumaachinu, dhaabbilee miseensota haqaan qabsoof ka'aan of jalatti gurmeessuun qabsoof hiriirsuun murteesaadha. Sababa isaa haalli nu fuuldura jiru kun carraa gaarii ykn balaa hamaa waan ta'eef murteessaadha. Baruma baraan carraan dhufu nu darbu hinqabu, kanaafu carraa komachuu dhiifnee wareegama hunda kaffaluun bu'aa isaas dhandhamachuuf of haa qopheessinu.

Gumii Paarlaamaa Oromoo (GPO), Oromo Parliamentarians Council (OPC)

Sint-Jobstraat 43, 2060 Antwerpen, Belgium,

Tel 0032488 47 93 60, Email: infogpo@Yahoo.com

website: http://www.oromoparliamentarians.org

Hadhaa diinni nu keessatti facaaseen dhaabbilee Oromoo fi miseensota amantaa fi lagaan wal qoodan dibbee wal irratti rukutuu dhiisanii, diina isaanii TPLF fi jalee isaanii Habashoota Oromoo ajjeessaa fi ajjeessisaa jiran irratti hojjechuun dukkanaa fi ifa wal makatee nutti dhufaa jiru kana qabsoofi bu'aa Oromoof olchuun nu irra egama.

**Bara Bilisummaa akka nuu ta'u hawwina.**

**Bilisummaan Ummataa Oromoof**

**Gumii Paarlaamaa Oromoo**

**Mudde 31/2009**

http://oromedia.wordpress.com/2009/12/31/gumii-paarlaamaa-oromoo-31-mudde-2009/